EDMONTON PUBLIC SCHOOLS

**BOARD OF TRUSTEES**
**WARD A** Sherri O'Keefe
**WARD B** Marsha Nelson
**WARD C** Marcia Hole
**WARD D** Trisha Estabrooks
**WARD E** Dawn Hancock
**WARD F** Julie Kusiek
**WARD G** Saadiq Sumar
**WARD H** *vacant*
**WARD I** Jan Sawyer

**SUPERINTENDENT OF SCHOOLS**
Darrel Robertson

Centre for Education
1 Kingsway NW
Edmonton AB T5H 4G9

**T** 780-429-8000
**F** 780-429-8318
**E** info@epsb.ca

Waxabajjii 7, 2023

Kabajamtoota Maatii, Warraa fi Guddistootaa,

Manni Barumsaa Uummataa Idmantan waa'ee barattootasaa irra caalaatti beekuuf Birraa 2022tti qorannaa qubsuma barattootaa raawwatee jira. Barattootni kutaa 4 hanga 12 carraa odeeffannoo waa'ee isaanii waliif qoqqooduu argataniiru. Gaaffileen qurannoo kanaaaqabxiiwwan armaan gadii irratti xiyyeeffatu:

- Eenyummaa ganamaa
- Eenyummaa sanyummaa
- Gosummaa
- Hariiroo amantii yookaan hafuuraa
- Eenyummaa koorniyaa
- Ibsa walqunnamtii saalaa (kutaa 7 hanga 12 qofa)

Qorannaa kanarratti hirmaachuun guutummaan fedhiirratti kan hundaa'edha. Maatiin daa'imni isaanii qorannoorratti akka hirmaatu hin barbaadne daa'imnisaanii akka hin hirmaanne filachuu danda'u ture. Barattootni qorannaarratti hirmaatan gaafii mijateef qofa deebisan.

**Galatoomaa!**
Qorannaa sanaaf, barattoota 55,800 oltu, kan reetii parsantii 73, ta'utu deebii kenne. Barattoota gaafii qorannaa xumuruuf yeroo laatan galatteeffachuun barbaada. Barattoota odeeffannoo waa'eesaanii qooduuf fedhan baay'ee dinqisiifanna. Manni barumsa keenyaa barattootni duuba, aadaa, gandaa fi bartee garaagaraarraa dhufuusaniti ni boona.

**Bu'aa qorannaa**
Bu'aan qorannaa jalqabaa, odeeffannoo haaraa fi warabbii sur-sagalee haaraa wajjin toora interneetaarra ni jira. Gabaasaa fi waa'ee hojii itti aanuu beekuuf marsariitii keenya akka dawwattan affeera.

**Itti aansuun**
Manni Baruumsa uummataa Idmantan waa'ee jibbiinsa-sanyii, araaraa fi garummaarratti itti yaaduun itti-fufinsaan, barannaanii fi foyya'insan kutannoon hojjata. Baroota itti aananitti, bu'aan qorannoo odeeffannoo barattoota biraa dabalachuun muuxannoo barattoota mana baaruumsaa fi tarkaanfii kutaalee rakkoo hir'isuuf ta'uun waliin qindaa'a. Yaadni keenya hojii kanaan barattootni ofiin akka boonan, gaarii akka itti dhaga'amuu fi bu'aa akka agarsiisan ejjannoo fudhachuu dha.

Nagaa Wajjin,

Darrel Robertson
To'ataa Olaanoo Manneen Barnootaa